
Seattle Office of Labor Standards

# HOJJETAA MANA KEESSATII?

## MAAL BEEKUU AKKA QABDAN



SEATTLE DOMESTIC WORKERS ORDINANCE

Seattle Domestic Workers Ordinance (Labsiin Hojjettoota Mana Keessaa Seattle) eegumsa bu'uuraa iddoo hojii hojjettoota mana keessatiif kenna.

Qajeelfamni kun waa'ee eegumsa kanaa odeeffannoo qaba garuu akka gorsa seeraatti kan yaadame miti. Odeeffannoo dabalataaf, akkasumas gaaffii yoo qabaattan maaloo karaa armaan gadii qunnamaa:

**Seattle** Office of Labor Standards

(206) 256-5297 irratti bilbilaa
laborstandards@seattle.gov
www.seattle.gov/laborstandards

Bal'ina guutuu Labsii Hojjettoota Mana Keessaa, kan armaan gadii irratti argamuu danda'a:
www.seattle.gov/laborstandards/ordinances/domestic-workers-ordinance

# HOJJETTOOTA MANA KEESSAA KANA BEEKTU TUREE?

**YOO MANA KEESSATTI AKKA ARMAAN GADIITTI HOJJETTAN:**

- Guddistuu
- Bilcheessituu
- Hojjetaa kunuunsa manaa
- Bulchaa manaa
- Qulqulleesituu manaa
- Biqiltuu kunuunsituu

**MIRGA KANNEEN QABDU:**


- Mindaa xiqqaa siyaatil
- Boqonnaa nyaataa fi boqonnaa addaan hin cinne yookan yoo isaan boqonnaa hin arganne kaffaltii dabalataa
- Hojjetoota bakka itti qacaraman jiraatan yookan rafaniif, guyyoota jaha walitti aansun erga hojjetanii booda guyyaa tokko (sa'aatii 24).
- Dookumantii fi meeshaalee dhuunfaa keessan hunda qabachuu
- Miidhaa saalaa fi loogii irraa eegamuu

*Qacaramaa yoo taatan, istaandaardiiwwan hojjetaa biroo jalatti mirga qabdu

MIRGA

# BEENYAA XIQQOO

Hojjettoonni mana keessaa hundi yoo xiqqaate mindaa xiqqaa Siyaatil ammaa argachuu qabu. Waggaa waggaan Mindaan Xiqqaa Seattle Guraandhala 1 dabalaa deema. Office of Labor Standards (OLS, Waajjira Danbiiwwan Hojjattootaa Siyaatil) daballii mindaa xiqqaa bara dhufuu arfaasaa arfaasatti beeksisa.



Mindaa xiqqaa amma jiruuf, kan itti aanu daawwadhaa:
www.seattle.gov/laborstandards/ordinances/minimum-wage

# MIRGA BOQONNAA KAFFALTII QABUU



Yoo sa'aatii afurii ol kan hojjettan, sa'aatin hojii sadaffaa osoo hin xumuuramin dura boqonnaa daqiiqaa 10 kan kaffaltii qabu, addaan hin cinne argachuu qabdu.

**Yeroo boqonnaa keessanii yoo hojjettan, kaffaltii dabalataa daqiiqaawwan 10 argattu.**

# MIRGA BOQONNAA NYAATAA



Sa'aatii shanII ol yoo hojjettan, boqonnaa nyaataa daqiiqaa 30 kaffaltii malee, addaan hin cinne argattu.

Haa ta'u malee, yeroo boqonnaa nyaataa bakka hojii turuu fi hojiitti deebi'uuf qophaa'uu kan qabdan yoo ta'e, boqonnaan kuni kaffalamuu qaba.

**Yeroo boqonnaa nyaataa yoo hojjettan, boqonnaa isin jala darbeef mindaa daqiiqaawwan 30 dabalaa argattu.**

# MIRGA GUYYAA BOQONNAA

Bakka hojii keessa yoo jiraattan yookan raftan, guyyoota jaha walitti aansun yoo hojjettan, yeroo boqonnaa sa'aatii 24 kaffaltii malee argachuuf mirga qabdu.



# MIRGA DOOKUMENTIIWWAN DHUUNFAA HUNDA QABACHUU

Dookumantoota jalqabaa fi meeshaalee dhuunfaa keessan qabachuuf mirga qabdu.



# MIRGA LOOGII FI HAALOO IRRAA BILISA TA'UU

Hojjettoonni mana keessaa yeroo baay'ee kophaa isaanii kan hojjetan yoo ta'u, miidhaa saalaa fi gosoota loogii birootif saaxilamuu danda'u. Hojjettoonni mana keessaa seera City's Fair Employment (Hojii Haqaa Magaalaa) jalatti ilaalcha akkasii irraa eegumsa argachuuf mirga qabu.

Qaratoonni mirga keessan mirkaneessuu yookan Magaalatti komii dhiyeessuu keessaniif tarkaanfii isin irratti fudhachuun hin eeyyamamuuf.

**Yoo hojjetaa waa'ee mirga keessanii dubbachuu barbaaddan taatan, Waajjira Mirga Siivilii Seattle (206) 684-4500 qunnamaa, discrimination@seattle.gov irratti iimeelii ergaa yookan www.seattle.gov/civilrights daawwadhaa.discrimination@seattle.gov or visit www.seattle.gov/civilrights.**

# WAAJJIRA DAMBIIWWAN HOJJATOOTAA SIYAATIL (OLS)

Waajjira Dambiiwwan Hojjatootaa Siyaatil hojjettoonni mirgoota isaanii akka hubatan gochuuf argama. OLS seera cabsuu jiranis qoratee furmaata ni kenna.

Gaaffii yoo qabaattan, yookan cabuu seeraa gabaasuf, maaloo (206) 256-5297 irratti bilbilaa, yookan iimeelii laborstandards@seattle.gov irratti ergaa.

# WAADAA KEENYA

Nuti gargaaruf as jirra. Hiikkaa afaanii ni kennina, tajaajiloonni keenyas bilisa. Waa'ee haala immigireeshinii keessanii isin hin gaafannu.

Odeeffannoo bal'aa waa'ee ulaagaalee kanneenii argachuuf, odeeffannoo haaraadhaaf maaloo marsariitii keenya ilaalaa:
**www.seattle.gov/laborstandards**

# WAAJJIRA DAMBIIWWAN HOJJATOOTAA SIYAATIL (OLS)

Waajjirri Dambiiwwan Hojjettootaa Siyaatil dhaabbileen qacarrii dirqamoota isaanii seera haaraa kana jala jiran akka hubatan gargaaruu barbaada.

Gaaffii yoo qabaattan, maaloo (206) 256-5297 irratti bilbilaa, yookan iimeelii laborstandards@seattle.gov irratti ergaa.

# WAADAA KEENYA

Nuti gargaarudhaaf as jirra! Akkaataa seera haaraa kana hojiirra oolchuu irratti gaaffilee qabdaniif akka bilbiltan barbaanna. Sadarkaalee Waajjira Hojjattoota Siyaatiil gorsa dhuunfaa ni kenna malee hojjettoota raawwachiisummaa keenyaaf isin hin gabaasu. Gaaffiileen keessan nu biratti nageenyummaan isaanii eegamaa dha.

Odeeffannoo bal'aa waa'ee ulaagaalee kanneenii argachuuf, odeeffannoo haaraadhaaf maaloo marsariitii keenya ilaalaa:
**www.seattle.gov/laborstandards**

# LOOGII FI HAALOO IRRAA EEGAMUU

Hojjettoonni mana keessaa yeroo baay'ee kophaa isaanii kan hojjetan yoo ta'u, miidhaa saalaa fi gosoota loogii birootif saaxilamuu danda'u. Hojjettoonni mana keessaa seera Hojii Haqaa Magaalaa jalatti ilaalcha akkasii irraa eegumsa argachuuf mirga qabu.

Dhaabbilen qacaran hojjetaan mana keessaa tokko mirga isaan waan mirkaneessef yookan Magaalatti komii waan dhiheessef yoo tarkaanfii irratti fudhatan, adabbii dabalataa ni argatu.

**Waa'ee seera Hojii Haqaa caalatti baruu yoo barbaaddan, Waajjira Mirgoota Siivilii Siyaatil (206) 684-4500 qunnamaa, discrimination@seattle.gov irratti iimeelii ergaa yookan www.seattle.gov/civilrights daawwadhaa.**

# DOOKUMENTII DHUUNFAA JALAA QABUU

Hojjettoonni mana keessaa dookumantii jalqabaa fi meeshaalee dhuunfaa isaanii qabachuuf mirga qabu.



MIRGA

# GUYYAA BOQONNAA

Dhaabbileen qacaran hojjettoota mana keessaa guyyoota jaha walitti aansun hojjetanii, bakka hojii jiraatan yookan rafaniif yeroo boqonnaa sa'aatii 24 kaffaltii hin qabne kennuu qabu.



# MIRGA BOQONNAA NYAATAA

Dhaabbileen qacaran hojjettoonni mana keessaa sa'aatii shanii ol yoo hojjetan, boqonnaa nyaataa daqiiqaa 30 kaffaltii hin qabne, addaan hin cinne kennuufii qabu.

Haa ta'u malee, hojjetaan yeroo boqonnaa bakka hojii akka turuu fi hojiitti deebi'uuf qophaa'aa akka ta'u yoo barbaaddan, boqonnaa nyaatatiif hojjetaadhaf kaffaltii kaffaluu qabdu.

**Hojjetaan yeroo boqonnaa nyaataa yoo hojjete, boqonnaa jala darbeef mindaa daqiiqaa 30 dabalataa hojjetaaf kaffaluu qabdu.**

MIRGA


# BOQONNAA KAFFALTII QABUU

Dhaabbileen qacaran hojjettoota mana keessatiif, sa'aatin hojii sadaffaa osoo hin xumuuramin dura boqonnaa daqiiqaa 10 kan kaffaltii qabu, addaan hin cinne kennuu qabu.

**Hojjetaan tokko yeroo boqonnaa yoo hojjete, mindaa daqiiqaawwan 10 dabalataa hojjetichaaf kaffaluu qabdu.**

# MIRGA BEENYAA XIQQOO

Hojjettoonni mana keessaa hundi yoo xiqqaate mindaa xiqqaa Siyaatil ammaa argachuu qabu. Waggaa waggaan Mindaan Xiqqaa Seattle Guraandhala 1 dabalaa deema. Waajjira Danbiiwwan Hojjattootaa Siyaatil daballii mindaa xiqqaa bara dhufuu arfaasaa arfaasatti beeksisa.



Mindaa xiqqaa amma jiruuf, kan itti aanu daawwadhaa:
www.seattle.gov/laborstandards/ordinances/minimum-wage

# SEERRI ISIN IRRATTI NI HOJJETAA?

Namoonni dhuunfaa, maatin, dhaabbileen kallattiin hojjettoota mana keessaa qacaran yookan miindessan seericha hordofuu qabu. Namni, maatin yookan dhaabbanni akkasii kamiyyuu “dhaabbata qacaraa” jedhamee waama.

Tajaajiloota mana keessaa kennuudhaf dhaabbata addaa yoo fayyadamtan, daldalli suni “qaama qacaraa” eegumsa hojjetaa kennuudhaf itti gaafatamummaa qabudha. Haa ta’u malee, mirgoota hojjetaa seera kana jala jiran gidduu yoo seentan, seera cabsitu.

Seerri kuni gosoota hojjettoota armaan gadii hin hammatu:

- Namoota dhuunfaa yeroo dhaabbataa hin taanen hojjetan
- Namoota dhuunfaa qaama qacaraa waliin hariiroo maatii qaban
- Hojjetoota kunuunsa manaa maallaqa mootummaatin kaffaltii argatan

# KANA BEEKTU TUREE?

Yoo hojii mana keessatti yookan naannoo isaatti hojjettanii jiraattan, waa'ee Seattle's Domestic Workers Ordinance (Labsii Hojjettoota Mana Keessaa Seattle) beekuu qabdu.

**Tajaajiloota kanaaf kaffaltii yoo kaffaltan, akka dhaabbata qacarrii uwwifameetti ilaalamtu:**

- Guddistuu
- Bilcheessituu
- Hojjetaa kunuunsa manaa
- Bulchaa manaa
- Qulqulleessituu manaa
- Biqiltuu kunuunsituu

**Dhaabbanni qacarrii hojjetaa mana keessatiif kanneen armaan gadii kennuu qaba:**

- Mindaa xXXiqqaa sSiyaatil
- Boqonnaa nyaataa fi boqonnaa addaan hin cinne yookan yoo isaan boqonnaa hin arganne kaffaltii dabalataa
- Hojjetoota bakka itti qacaraman jiraatan yookan rafaniif, guyyoota jaha walitti aansun erga hojjetanii booda guyyaa tokko (sa'aatii 24).
- Mirga dookumantootaa fi meeshaalee dhuunfaa qabachuu
- Miidhaa saalaa fi loogii irraa eegamuu

*Qacaraa yoo taatan, dambiiwwan hojjettootaa biroo jalatti dirqama qabdu

Labsiin Hojjettoota Mana Keessaa Seattle eegumsa bu'uuraa iddoo hojii hojjettoota mana keessatiif kenna.

Qajeelfamni kun waa'ee eegumsa kanaa odeeffannoo qaba garuu akka gorsa seeraatti kan yaadame miti. Odeeffannoo dabalataaf, akkasumas gaaffii yoo qabaattan maaloo karaa armaan gadii qunnamaa:

**Seattle** Office of
Labor Standards


(206) 256-5297 irratti bilbilaa
laborstandards@seattle.gov
www.seattle.gov/laborstandards

Bal'ina guutuu Labsii Hojjettoota Mana Keessaa, kan armaan gadii irratti argamuu danda'a:
www.seattle.gov/laborstandards/ordinances/domestic-workers-ordinance

**Seattle** Office of
Labor Standards

# HOJJETAA MANA KEESSAA QACARTUU?

## MAAL BEEKUU AKKA QABDAN



**SEATTLE DOMESTIC WORKERS ORDINANCE**